السنّة النبوية وعلومها
www.sunnah.global

# Rabbiin keenya -guddatee ol ta'e- halkan hunda yeroo halkan harka sadi keessaa inni xumuraa hafutti gara samii duuniyaatti bu'a

Abuu Hurayraa irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamanaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Rabbiin keenya -guddatee ol ta'e- halkan hunda yeroo halkan harka sadi keessaa inni xumuraa hafutti gara samii duuniyaatti bu'a, ni jedha: «Eenyu kan na kadhatu isaafan owwaadha? eenyu kan na gaafatu isaafan kenna? eenyu kan araarama narra barbaadu isaafan araarama?».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jechuudha ibsani: Rabbiin -guddatee ol ta'e- halkan hundaa yeroo halkan harka sadi keessaa inni xumuraa hafutti gara samii duuniyaatti bu'uun, gabroottan isaa isa kadhachuutti kakaasa, inni nama isa kadhateef ni owwaata, akkasuma waan barbaadan akka isa kadhatanutti isaan kakaasa, inni nama kadhateef ni kenna, akkasuma badii isaanii irraa araarama akka isa gaafatan isaan kakaasa, inni gabroottan isaa mu'umintootaaf ni dhiisa.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/10412

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee